مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# خواطر في الأزمة الفكرية والمأزق الحضاري للأمة الإسلامية

د. طه جابر العلواني

# Yaada Burjaaja'iinsa Xiinxalaa Fi Kufaatii Qaroomina Ummata Islaamaa mudate


Qopheessaan:

Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaani



Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C

# خواطر في الأزمة الفكرية والمأزق الحضاري للأمة الإسلامية

## د. طه جابر العلواني

# Yaada Burjaaja'iinsa Xiinxalaa Fi Kufaatii Qaroomina Ummata Islaamaa mudate

Qopheessaan:

Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaani

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C**

**DF-E-TrBs-17/20**

*Mirgi maxxansaa dhaabbata Dar al-Fikriif seeraan eegamaadha*

Maxxansa duraa: Adoolessa 2018
Email: daralfoker.ethiopia@gmail.com
Tel: +251-114-705-738
Mob. +251-911-206-241
**Addis Ababa, Ethiopia**

## Seenaa Barreessaa kitaabichaa

Dr. Xaahaa Jaabir Fayyaad Al-Alawani jedhama.

- Bara 1935 A.L.AIraaq, Falluujaatti dhalate.
- Barumsa sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaas Iraaqumatti xumure.
- Barnoota ol’aanaa biyya Masriitti hordofuudhaan Yuniversitii Azhar damee Shari’aa fi Seeraa irraa bara 1959tti eebbifamee baye.
- Booda digrii lammaaffaa fudhate, Bara 1972ttiDoktoreetiiisaafudhate.
- Magaalaa Riyaaditti Yuniversitii Al-Imaam Muhaammad ibni Su’uud Al-Islaamiyyaa keessatti barsiisaa Fiqhii (yaada seeraa) tahee tajaajilaa ture.
- Bara 1981tti hundeeffama dhaabbata xiinxalaa Islaamummaakan Waashigtonitti adeemsifame irratti hirmaatee ture.Ammatti dura bu’aa dhaabbatichaatii fi miseensa koree boordiiti.
- Miseensa hundeessitoota waldaa addunyaa Islaamummaa kan Makkaati argamuuti.
- Miseensa walitti qabama fiqhii Islaamummaa magaalaa Jiddaatti argamuuti.
- Kitaaba Al-mahsuul fi ilmi al’usuul fiqhi jedhamu kan kutaa 6 qabu, kan yunivarsitiin Imaamaa raabse fi kan maxxaansaan isaa irra deebii jala jiru barreessee jira.
- Kitaabotaa fi qorannoolee hedduu qopheessee qaba.

# BAAFATA

**Mata dureewwan ---------------------------------- fuula**

Ilaalcha Seenaa ........................................................................ 4
**Muuxannoo Mootummaa Usmaaniyyootaa ............................. 5**
**Muuxannoowwan Biroo ........................................................ 6**
**Haala Qabatama Jireenya Muslimoota Ammaa ……....9**
**Wal-dhabinsa Jidduu Murna Lamaanii.................................... 11**
**TooftaaleeMurna Lamaanii Qeequu fi Madaaluu .................... 12**
**Madaallii Yaaliiwwan Dabranii............................................... 14**
**Ilaalcha Qeequu ...................................................................... 16**
**Mallattoowwan Dammaqqinaa……………………………...17**
**Burjaaja'iinsa Xiinxalaa Ummataa… …………………………..18**
**Sadarkaa sammuun Islaamummaa Keessatti Qabdu ............... 19**
**Burjaaja'iinsaKeessaaBayuu…………………………………...20**
**FurmaataBurjaaja'iinasaIlaalcha…………………………….22**
**Yaada Madaaluu fi Adeemsa Yaadaa Haaromsuu.................... 23**
**Adeemsa Haarawa Kurfeessuu .............................................. 24**
**IlaalchaQaroominaaGuutuu……………………………….....25**
**Hubannaa Shari'aa Ifa Gochuu................................................ 27**
**Ilaalcha gam-tokkee Hambisuu............................................... 28**
**Fudhatama Ummataa Horacuu ............................................... 29**
**Tarkaanfiiwwan Raawwii ........................................................ 30**

## Ilaalcha Seenaa

Duubatti hafiinsa qaroominaa, eenyummaaofii dhabuu, kufaatii diinagdee fi hawaasummaa kan dhaloota heddu keessa walitti kuufame irraa kan ka'e yeroo ammaa kana ummanni Islaamaa sadarkaa dadhabinaa fi madaallii dhabuu keessa qaxxaamuraa jira. Kufaatiin ummanni amma keessa jiru kuni hiddi isaa gadi fagoodha.

Dhuma bara Mootummaa Usmaaniyyootaatti,yeroo adunyaa keessatti naqattoon/luugamni dhimmoota adda addaa harka isaaniitii bahe irraa eegalee duubatti hafummaan Muslimootatti dhagayamaa dhufe.Yeroo Awrooppaanonni qaroomina Islaamummaa magaalota Andalusi fi Saqliyyaa irraa baratuun qaroomina mataa isaanii ijaaratanii, hoogansa ummata Islaamaa harkaa baasanii, egeree ilma namaa murteessuu keessatti bakka fudhatan san aduun ummata Islaamaa gara dhihaatti fuula gar-galte.

Seenaa dabre irraa baratanii, haala kufaatii ummanni jiraataa jiru kana keessaa bayuun dirqama ta'a. Waan seenaan qabatama yeroo dabree irraa nugaye akka barnootaa fi gorsaatti fudhannee irraa barachuun, adeemsa rakkoowwanii hordofuu fi sadarkaawwan guddinna isiis beekuun, hanga burjaaja'iinsi sun gayu qayyabatuu fi furmaata isaatiif qabsoon nu barbaachisu maal akka ta'e hubatuuf nu gargaara. Kanaan wal-qabsiifnee jalqaba jaarraawwan lamaan booda irraa kaasee yaaliiwwan haaromsaa kan mootummaan Usmaaniyyaa raawwatte seenaa keessa baana.

## Muuxannoo Mootummaa Usmaaniyyootaa

Mootummaan Usmaaniyyootaa akka qaroominni Awrooppaa madda jireenya isii irratti balaa ta'e erga hubatteen booda, balaa bu'uu dhiyaate kana dura dhaabatuu qalqabde. Kunis waantoota diinota isaanii akka abbaa humnaa ta'an isaan taasise hordofuudhaani. Tooftaan odeeffannoo kana ittiin argatanis barattoota ummata Islaamaa gara Awrooppaatti erguun odeeffannoo teknooloojii haarawa akka sassaaban godhuudhaani.Garuu Awurooppaanonni Carraa kanatti fayyadamuun baratoonni kuni booda akka xiyyaatti Mootummaa bututtee hunkutooyte san onnee isii keessa akka waraantu godhanii dachaasan. Kunis akka ijoolleen barattootaa kun, haaromfama siyaasaa, diinagdee fi hawaasumaa kan akkaataa ilaalcha Awrooppaatiin wal-simu fiduu gaaffii jedhu dhiyeeffatan godhuudhaani.

Waamichi biyyummaa fi sabboonummaa kan alaabaa isii tokkummaa fi fooyyowwan baattu sabboonummaa kakaasuuf yaalii taasise. Kuni immoo akka yaanni sabboonummaa biyyoota angoo mootummaa Islaamaa hordoftu keessa kaka'u taasise.

Murni sabboonummaatti waamuu fi qaroomina Awrooppaa fiduuf tattaafatu kun mootii yeroo sanii "Abdulhamiid Assaanii" angoo irraa kuffisuu danda'ee jira. Asxaan angoo mootummaa Usmaaniyyootaas dachaafamee godatti gale. Ataaturki fi hoordoftoonni isaa biyya Turkii daandii baabura Awrooppaa irratti baasan.

Dhumni yaalii kanaas, biyyi Giriik tan baay'ee xiqqoo fi dadhabduu taate, tan kaleessa Usmaaniyyoota jalatti kuftee bulaa turte hanga ol'aantummaa isaan irratti argatutti geese.

## Muuxannoowwan Biroo

Rakkoolee biyyattii haadhoo irraa dhaalamte hiikuuf jecha amaloonni mootummaaleen naannoo kan Usmaaniyyoota irraa fottoqan hordofaa turan bakkaa bakkatti wal-dhiba. Gareen gariin gara hundee ykn bu'uura Islaamummaatti garagalan. Gareen kunis biyyoota Islaamaa kan akka: Hindii, Yaman, Suudanii fi Liibiyaa keessatti aqiidaa fi bu'uura Islaamaa jiraachisuu ykn haaromsuu irratti sosochii godhaa turan.

Yeroma sanatti gareewwanii fi dhaabbileen akka: Al-xoowraaniyyaa fi Turkiyaa Al-fataat jedhaman hundeeffamte. Guddinni qarooma dhihaa fi argamiinsi siyaasaa isii waliin walitti hiriyyoome waan mul'ateef dhaabbileen kun mootummoota Usmaaniyyootaa balleessuu keessatti shooora guddaa taphatanii turan. Biyyoota Arabootaattis dhaabbileen tokkummaa Arabaatti waaman hundeeffamanii turan, garuu yeroon booda biyyoota hedduutti mootii abbaa irreetiin too'annaa jala oolte. Mootiin tokkichi biyyoota hedduu to'annaa jala galfachuu danda'ee jira.

Waldaaleen kuni hundinuu–bu'aan isaan deemaniif gar-gar ta'us-dugda ofii amantii Islaamaatti gargalchuun bulchiinsa Islaamaa kan rakkinoota ummataa hundaaf furmaata fidu falmuu irratti walii galan. Kun immoo akka

hoggantoonni Muslimaa kanneen silaa jijjirama fidu jedhamanii eegaman gara garee bu’uuraa lama, kan ilaalchi isaanii, kaayyoon isaanii, dhaadannon, qindoominaa fi adeemsi isaanii adda addaa ta’etti akka qoodamniif isaan saaxile.Akkuma dhiibbaan qaroomina warra dhihaa dabalaa dhufeen sababoonni qoqqoodamiinsaa fi wal-dhabiinsaa jidduu gareewwaan kanaattii cimee argame.

### Fashaliinsa Yaaliiwwan Haaroomsaa

Fakkiin badaan bulchiinsi mootummaa Usmaaniyyootaa dhuma bara bulchiinsa isaa keessatti mul’ise akka bulchiinsi sirna Islaamaa fi mootummaan Islaamaa kun rakkoo fi gadadoo addunyaan Islaamaa keessa jiru kanaaf sababaan guddaan isa jedhamee hubatamu godhe. Kun immoo hayyoonni hedduun qaroomina Awrooppaa ilaalanii Raajeffannaa irraa kan ka’e “Sila amantiin Islaamaa yookiin bulchiinsi Islaamaa sadarkaa Awrooppaan irra geette tanatti yookaan kan caalutti nu geessuu danda’aa?”Jechuun akka of gaafatan taasise.

Namoonni muraasni kun utubaalee amantii Islaamaa fi akkaataa shaakallii amantii Islaamaa kan Muslimoonni yeroo sanii godhan addaan otuu hin baafneemurti gara- jabeenyaa amantii Islaamaa irratti dabarsan.Waa’ee kanaa Ataaturkii fi paartiin isaa, Ahmad Kaan fi gareen isaa, akkasumas Ahmad Luxfii Assayyid, Qaasim Amiin, Xaahaa Huseen fi hedduun namoota isaan jala deemanii yookaan isaan irraa barataniiniis yaada kana

ifatti ibsachuu eegalan. Bu’aa argamsiisuu fi guddinna qaroominaa galmeessisuuf jecha diddaa tarsiimoo hawaasummaa kan amantii fi aadaa duraanii injifachuun barbaachisaa ta’utti waan amananiifi moo’achuu danda’anii jiru.

Ijjannoo gareeleen kunamantii Islaamaa irraa qaban akka iddoo xiqqeenyaan keessatti guddataniitiin wal-dhaba. Gareen gariin guutumatti amantii Islaamaa fi hambaaleeisaa keessaa luqqa’ee baye; gariin qaroominni amantii irraa fagoo ta’e ijaaramus,hanga tokko amantii wajjiin jiraachuun ni danda’ama jedhu. Isaan hafan immoo qaroomina fiduuf guutumaan guututti heera amantaa bira tarkaanfatuu qabna jedhu. Jarri kun dhugaan yookaa yaanni barnoota ykn sammuutti rarra’a jechuun amanu; sadarkaa sammuu xinneessuun samuu fi barnoota homa tokko godhanii ilaalu turan.

Karaa birootiin murni lammaffaan sababni duubatti hafiinsa Muslimootaa ta’e amantii Islaamaatii fi safuuwwaan isaa irraa fagaatuudha yaada jedhutti amanu.Bal’inaan addaan babaasuu keessatti xinnoo wal-dhabanis; gariin sababaan isaa suuraa amantii fokkisiisuu yookiin ammo dadhabina iimaanaa qabaachuu fi badhaadhina (qananii) jiruu duniyaa tanaan dagamuudha jedhu. Isaan hafan ammo jaarraa afraffaa irraa jalqabee sochiin jihaadaa dhaabatuu fi shari’aan dhimma kamuu furuuf dandeettii hin qabdu jedhanii maqaa balleessuu, akkasumas namoonni hedduun shari’aa dhiisuu, yookiin hoggansi harka ummata Arabaa kan akka gaaritti ergaa Islaamaa hubatan irraa gara harka warra ergaa kana

hubatuu fi hojii irra oolchuu hin dandeenneetti deebi'uu, yookaan duula xiinxalaa warra gita bittaa kan mootummaa Islaamaa dhiiban irraa dhufe jedhanii yaadu.

Jalqabni dogongora ta'e bu'aa dogongora ta'etti nama geessa. Bifa kanaan furmaanni gareen/murni lameenuu sababoota duubatti hafiinsa ummata Islaamaatiif dhiyeessan gara gara.Murni jalqabaa sammuu, hawaasummaa fi siyaasaa haarawoomsuu akka tarkaanfii jalqabaati itti amana.Haaroomsa Kana dhuga'oomsuuf yoo tarkaanfii humnaa fudhatuu barbaachises ni fudhanna jedhu. Karaa biraatiin immoo, murni lammaffaan yaadaa fi ilaalcha humna alaa irraa dhufu dura dhaabatuu fi aadaa Islaamaa jiraachisuu, amantii xurii addaa addaa irraa qulqulleessuu, wanta Qur'aanni fi hadiisni jedhetti dalaguun, qaroomina ammayyaa kana wantota fokkisaa irraa qulqulleessinee bifa murtiilee Islaamaa hin faallessiniin itti fayyadamuun furmaata isa duraati jedhanii yaadu.

## Haala Qabatama Jireenya Muslimoota Ammaa

Erga mootichi'Abdulhamiid Assaanii' angoo irraa ari'aniin booda, irra hedduun hawaasa bal'aa itti gaafatamummaa dhimma adda addaa murna isa duraatiif laatan. Biyyoota Muslimaa hedduu keessatti hawaasni kallattii isaanii gara Awrooppaa deebisan. Haala kanaan Muslimoonni Turkii turtii walakkaa jaarraatti dhiyaatuuf humna qaban hundaan ija dunuunfatanii Ataaturkii fi paartii isaatti of kennan. Garuu jiruu hadhooytuu fi

gadadoo malee homaa hin arganne.Diinagdee diigamaa, hiyyummaa daangaa dabree fi wal’aansoo jidduu Kaappitaalizim fi Koominizimiitiif saaxilamuu malee bu’aa wahiituu hin argamsiisne.

Biyya Misraa keessatti sochiin Muhaammad Alii yaada haarawoomfamaa adda addaa kan akkadhimma oomishaa, barnootaa, qonnaa fi kan kana fakkaatam sababoota hedduuf osoo bakka hin gahin hafan. Ummanni Gibxii biyya bakka bu’aan Ingiliizii hogganu kan mogoonni (dayniin) biyyoota biraa duuyda isii kutte keessatti of argan. Booda humniittisa Gibxii gariin qondaaltotaan hooganamu sirna “Muhaammad Alii” irra hoggansa fudhatan.Jamaal Abdunnaasir sirna haarawa kana bifa lammummaa Arabaa itti uffise.Hawaasni bal’aan biyya Gibxii fi Sooriyaas, akkasumas hawaasni Muslimoota Arabaa kanneen qaroominaa fi guddinnaaf jecha wareegama kaffalan ijjannoo isaanii hooggansa kana deeggaruun mul’ifatuu eegalan.

Garuu yeroo muraasa booda sirnichi gara hoggansa gabbaruutti jijjiirame. Hawaasni bal’aan Muslimaa sibirii/siribii dhaqqabuuf duubaan fiigaa turan. Galma gahuu dhabuun waraanaa fi siyaasaan walitti fufaa tahe kun adda fottoqiinsa Gibxii fi Sooriyaatiin eegale akkasumas lola Yamanii fi injifatama bara 1967 booda bakki hoggonsaaf qabanii fi maqaan hoggonsaa baduu eegale.Wayta hawaasni angoo irraa bu’uu isaa didanii cichanii qabaniinitti Abdunnaasir of xiinxaluu fi of

saaxiluuf yeroo qaalii taate qaba ture. Garuu fashalaa fi kufiinsa siyaasaa isaa keessatti argamee mataa isaa osoo hin taane,qaama gita-bittaa fi gabroonfataa itti gaafatamaa godhe.

Haalli Gibxii biyyoota Arabootaa fi Islaamotaa hedduu irraa of duuba deebi’e.Akka kanaan hiyyummaa, duubatti hafiinsa, wallaalummaa, ol’aantummaa fi ulfinna akkasumas walabummaa dhabuudhaan alatti bu’aa wa’iituu hin arganne.

## Wal-dhabinsa Jidduu Murna Lamaanii

Murni lachinuu tanaan dura furmaata laachuu dadhabanis, ammas yaada wal’aansaa dhiyeessuu itti fufan. Waldhabiinsi isaanii kun jaarraa hedduu fudhate. Dhimma ijoo dur irratti wal-dhaban, kan wal’aansoo isaaniitiif sababa jalqabaa ture san irraa maqanii turan. Biyyoota adda addaa kan akka Turkii, Gibxii, Iraaq, Sooriyaa, Indunisiyaa, Paakistaanii fi kan kana fakkaatan keessatti murni isa duraa tarsiimoo isaa qabatamatti deebisuuf carraa hedduu argatus, haroomsa hawaasummaa, sammuu fi siyaasaa yookaanii diinagdee mirkaneessuu keessatti fashala galmeessee argame. Murni lammaffaan immoo biliccii muraasa kan bu’aan isii xinnaa ta’een alatti homaa hin argamsisne. Bu’aa dhumti muraasni inni fides otuu hedduu hin bulin wiirtuudhan humnaa gara garaatiin karaa deebifaman.

Wal-falmuun murna lamaanii kuni ittuma fufe.Dhimma gareen jalqabaa guddina fidammaqina biyyaatiif fala jechuun itti amanu, gareen kuun madda jala

deemtummaa, maxxantummaa fi bitamtummaati jechuun ilaalu. Cufti wanti gareen lammaffaan akka burqaa qulqullummaa fi eenyummaa ofii kabachiisuu jedhee ilaalu, tuutti duraa bu'ura duubatti hafiinsaati jechuun faallessu. Gareen lamaanuu akka ummanni rakkina hedduu cimaa keessa jiru irratti walii galanis, garuu furmaata laachuu irratti hunduu yaada ofii qofa irratti cichu.

Gareen lamaanuu tooftaan jijjiirama ittiin fidan sadii irratti walii-galu:

1) Haaroomsa tooftaa waamicha Islaamaatii fi dalagaa siyaasaa qulqulluun dhufu.
2) Aangoo fudhatuu fi isii keessaan jijjiirama fiduuf jecha wiirtuulee madda humnaa taate walitti qabuudhaan haaromsa mirkaneessuu
3) Haaroomsa Karaa hubannaa ummataa jijjiiranii, haala qabatama keessa jiran fudhachuu diduun akka galma gayaniif jecha barsiisuudhaan dhufuudha.

## Tooftaalee Murna Lamaanii Qeequu fi Madaaluu

Yaada olitti dubbanne irraa ka'uudhaan, yaada murni lachuu burqisiisan hunda madditti dhiisuudhaan ijjannoo ilaalcha isaanii balee (boolla) takka keessa kaayuu ni dandeenya. Ejjannoon kunis hundeen ilaalcha isaan lameenii tokko ta'uu mul'isa.

Hundeen kanaa gara dhaloota jalqaba bara Islaamummaatti deebi'a. Yeroo sanitti bulchaan biyyaa waan hundaa fi hegeree ummataa harkaa isaatii qaba. Kuni

immoo warri jijjiiramaa fi haaromsatti ummata yaaman akka isaan aangoo irratti goggoganii dhimmoota biraa kan akka ilaalcha hawaasaa fi aadaa ummataa laaffisan isaan godhe. Gara aangoo kanaatti dhufuun, tarii safuu fi duudhaalee yeroo haala qabatama jiruu irraa dabnu mul'atan, kan fudhatama hawaasa biratti nu dhabsiisan saaxiluuf sababa ta'a.

Aangotti gayuuf jecha yeroo hedduu murni lamaan sadarkaa murtaayeef walii galtee taasisu. Haa ta'u malee, walii galteen isaanii diigamuuf bu'aa adda addaa qoodamuu bira achi hin dabru. Kanatti aanuun morkiin adda addaa kan dhimma ijoo irraa isaan maqsu ni eegala. Fakkeenyi kanaa: wal'aansoo murna muslimtoota yaada koominstii fiwarraaqsa Iraan milkeessuudhaaf hordoftoota "Kumeeynii" jiddutti kanargameedha.

Kan Iraaq keessatti jidduu paartii 'Ba'si', dhaabbata biyyoolessaa Sooriyaa fi paartii "Wafd" biyya Gibxii, kan paartii 'Haqaa' Turkii jiddutti kan argame, akkasuma Paakistaan keessatti hoggansa tuuta Islaamotaa fi Diyaa'ul Haqqiin jiddutti wal'aansoon argame fakkeenyota muraasa. Sababii wal-amanuu dhabuu murna lamaaniitiif jecha walii galteen kunniinis diigamuuf ooltee hin bultu.

Warri murna duraa qabxiiwwan ciccimoo murna lammaffaa bakka bu'uun beekamtu ofitti fudhatuun fooyyessanii bifa warraqsa beekumsaatiin hambaawwan Islaamaatiif dhimmamutti waaman.Bu'uura yaada isaanii

kanas gara hundee Islaamummaatti irkisuuf yaalii godhan. Kanaafuu ilaalcha waa'iloota ergamaa Rabbii –SAW- kan akka "Abii Zarr Al-Gifaarii" fi "Aliyy ibni Abii Xaalib" fa'aan walitti galchuuf barbaadu.

Kuni ammoo kaayyoo hedduu dhugoomsuuf isaan deeggara. Sanniin keesaa inni jalqabaa:

1) Ummata sosochoosuuf jecha dhaadannoolee amantii Islaamaatti fayyadamuu
2) Ilaalcha koominizimii warra dhihaa hordofuu irraa qulqulluu ta'uu mirkaneessuuf yaaluu.
3) Hoggantoonni Islaamaa kuniin dhimma kana irratti mul'ata guutuu ta'ee qabaachuu baatanis, gara dhimmoota dammaqinaa fi guddinaan wal-qabatan irratti marii taassisuutti dhiibuudhaan qaroomina fiduudha.
4) Ummata haala jireenyaa ulfaataa keessa jiru ofitti hawwachuun babal'achuu danda'uu.

Gama biraatiin, gareen Islaamotaa, sirni shari'aa Islaamaa sirna yeroo hundaa fi bakka hundaafuu tolu jedhanii gar-malee haasayu. Akkasumas murna Islaamummaa fakkeessuun yaada Markistootaatiin deemu wayaa Islaamummaa irraa mulquun hundeen yaada isaanii qajeelfama Islaamaa akka hin ta'in ifa godhuu fi hogantoota warra dhihaa hordofuu isaanii ifa baasuu irratti hojjatu.

## Madaallii Yaaliiwwan Dabranii

Mootummaan Islaamaa gara lafa hedduutti ciccittee cicciramtee hafte.Lafti isii gariin hunmi alagaa asii-achi kan dhahu taatee hafte. Yaaliin haaromfamaa akkanatti

dhumate. Biyyoonni adda addaa daangaa “Mootummaan Islaamaa” dhiibuun lafaa isaa garii jalaa fudhatan. Humni itti yaadamee uumame lafa qiblaa jalqabaa fi tokkoon Harama sadeenii kan taate (Masjid Al-Aqsaa) weeraree qabate. Bifa asiin gadii kana keessaan yoo ilaallu, hammeenyi diingadee fi hawaasummaa ummanni kuni irra gahe eenyuufuu dhokataa miti.

### ***Bifa Burjaaja’iinsaa***

Namni gariin waan ummanni Islaamaa hoggansa isaanii waliin jireenya bareeda jalatti bulaa jiran itti fakkaata. Wacaa fi kijiba miidiyaan oo’isuuf sagalee laata. Sababaan burjaaja’iinsa ummata kanaa gariin namoota dhuunfaa, gariin dhaabbattootaa fi jaarmiyaaletti yoo deebi’u, garri caalu immoo shaakallii idileetiin wal-qabata.

Amaloota burjaaja’iinsa kanaa keessaa: nageeyummaan ummatatti dhagayamuu dhabuu, walitti amanummaan dhabamuu, sodaa qabaachuu, kophummaan jiraachuu, hammeenyaa fi dhiphina ilaalchaa qabaachuu akkasumas waan gaarii fiduuf jijjiirama godhamuun malu hunda irraa abdii muruudha.

Wanta amala burjaaja’iinsa kanaa hammeessu keessaa inni tokko: karaa karoorfamee fi qoratameen qaroomina fiduu dhiisanii faallaa sanii waan yaanni haarawni booda tasa fidu yaaduun rakkoowwan jiran akka hin wal’aanamne dura dhaabbatuudha. Ammas bifa rakkoo kanaa keessaa waan addunyaa kana irratti argame hunda Yahuudatu qooda keessaa qaba jechuudha.

Akkasumas raawwiidhan siyaasaa hedduu keessatti milkaayuu dhabuu fa’a. Ummanni Islaamaa dandeettiin waa kalaquu isaanii dadhabaa dhufee, angoo fi too’annaa waa akkeeffachuu fi namoota biro hordofuu qofa jalatti kufanii hafanii jiru.

## Ilaalcha Qeequu

Yaaliiwwan haarawoomsaaf taasifaman galma gayuu dhabuu irraa kan ka’een, qeeqamni ilaalchaa fi adeemsi eenyummaa namaa qeequu gar-malee babal’achuu eegale. Sadarkaa amma ummanni Islaamaa irra jiruutti hir’inni murni kuni qabu bal’ataa waan dhufeef, akka ilaalchaa fi hubannoon isaanii kan akka furmaataatti kaayamee ture irra deebi’amee akka ilaalamuuf haasofni waamichaa hedduun taasifamee ture.

Rakkoon burjaaja’iinsaa kun baay’ee cimaa fi hammaataa ta’uu ilaalchisee murnoota siyaasaa fi gareelee biroo jidduu wal-dhabbiin tokkos hin jiru. Qaamman xiinxalaa hundi rakkoo tanaaf hiikkaa laatuuf yaalii godhaa turan. Qaamni hundinuu akkaataa ilaalchaa fi beekumsa isaatiin yeroo garii ammoo akkaataa bu’aa isaanii wajjiin deemutti hiika itti keennuuf yaalii godhaa turan.

Akka deeggarsa hawaasa bal’aa hin hoongoyneef jecha, rakkoo argame kanaaf sababa dhugaa ifa godhuu moggatti bira kutuun; dhaabileen mootummaa fi qaamoleen sab-qunnamtii ummataa rakkoo qabatama isaanii keessa jiru kanaaf itti gaafatamummaa qaama isaan

mormu yookaan immoo murna faallaa isaanii socho'u irratti baachisuuf yaalan.

Warroonni diina amantii Islaamaa ta'an immo, amantii qabatuu irratti maqaa akka duubatti hafiinsa, waa jajjabeessuu fi dhiphummaa jedhu itti maxxansuu yaalan. Namoonni gariin immoo wanti haala kanatti Muslimoota geese akkaataa uumama sammuu isaaniiti jechuu yaada ofii laatu.Yaaliin kuni hundi wanti godhameef dhugummaa rakkoo tanaa haguuganii dhoksuuf jecha taasifame.

Adeemsi qeequu fi madaallii, hojiin qeequu fi madaallii akka milkaa'inaan raawwatamuuf jecha, ulaagaa qabatamaa barbaachisaa ta'e irratti hin hundoofne, akkasumas tooftaaleen biroo kan akka filannoo birootti itti fayyadamanis hin kaayamne. Kana irraa kan ka'e adeemsi madaallii raawwachuu kun gochoota hir'uu ta'an hunda ifatti saaxiluu jalqabe.

## Mallattoowwan Dammaqqinaa

Bara dheeraa yaalii haaromsaa fi sadarkaa of xiinxalluu kanatti aanee dhufee akka siribii bade san booda; ummanni Muslimaa waamicha gara Islaamummaatti deebi'uuf lallabamaniif gurra isaanii kennan. Sagaleen waamicha kanaa shoora Qur'aana baratuu fi mata dureewwan amantii Islaamaa gara garaa kan qabu "Minbara" haasawaa (kuxbaa) irraa isaan dhaqabde.

Wantoonni amantii Islaamaa kanatti akka deebi'amu nama taasisan sadarkaalee heddu keessa

dabran, innis: sadarkaa addunyaan dhuma irra geette jedhu keessa dabranii gadaan addunyaa tanaa gara Muslimootaatti fuula deebite jedhu irra gayanii, booda immoo sadarkaa sammuu fi dhugaa irratti hundaa'uutiin waa murteeffachuu keessa dabran. Bakka kanatti gareen warra Islaamummaa sochii isaa hunda keessatti waa lama ifatti lafa kaayuu qaba. Inni jalqabaa: Hawaasni Muslimaa gara amantii Islaamaatti fuula deebi'uun, guutumatti dammaqan jechuu miti. Dammaqinni guutuunis kan uumamu, yoo fedhiiwwan isaanii hunda guunnee, rakkinoota isaanii hundaaf furmaata laanne qofa. Dhimmi lammaffaan: Hooggantoonni Islaamaa, namoota gara dhugaa qabatama yeroo ammaatti fiduu qabu malee gama dogongoroota seenaa durii kan dhuma mootummaa Usmaaniyyootaa irratti raawwatameetti geessuu hin qaban.

## Burjaaja'iinsa Xiinxalaa Ummataa

Rakkinni cimaan ummata kanaa, rakkina xiinxalaati. Rakkini xiinxalaa kunis, rakkinoota diinagdee, hawaasummaa fi siyaasaas of keessatti qabata. Rakkinni yaadaa fi ilaalchaa kun kan argamu, rakkina maddeen yaadawal-jeequu, yookiin tooftaalee fi adeemsi madden kanaa qaawwa qabaachuu fi yookiin sababa rakkinoonni lamaan kun wal-bira argamuutiin ta'uu danda'a. Rakkinni xiinxala ummataa kun, haala mijjaawaa fi qophaayaa keessatti ka'a. Rakkinni kuni bakka mul'anni ifa galaa ta'e hin jirretti, bakka duudhaaleen aadaa durii hin argamnetti, bakka jiddu-galummaan lubbuu dhabamtetti, bakka

qayyabannaan wantootaa dhugaa irraa maqetti, bakka barnoonni wal-maketti fi bakka kaayyooleen wantootaa gar-malee wal-xaxanitti fi bakkee dhaabbilee fi jaarmayoonni kufaatitti deeman keessaa uumame. Rakkoowwan yaadaa fi ilaalchaa kun, sababa duubatti hafiinsa biyyoota Islaamaa kan bahaa dhihatti tamsa'ee argamu kanaati.

**Sadarkaa sammuun Islaamummaa Keessatti Qabdu**

Rabbiin –SW- ilma namaa kana dachee dhaalchisee, sammuu waa yaaduu isaanii laatuudhaan uumama biraa irra isaan caalchise.Jiruuf jireenyi ilama namaa sirna uumamaa wajjiin akka walsimuuf jecha; yaamichi Qur'aanni sammuu ilma namaatiif taasises hanga qaccee lafaatti asii achi imaluun waan uumamni bal'aan kun hammatee qabu akka itti gayanii barataniif nama kakaasa ture.

Rabbiin–ogeessa waa hundaa kan ta'e- akkuma daangaa waan humna itti fixuu hin barbaachisne murteessetti wanta sammuun ilma namaa itti gahuu malus daangesse kaayee jira. Dhimmi sammuu cimaa ta'uu irraa kan ka'e, waa'een sammuu (aqlii) keeyyatoota Qur'aana keessatti bakka afurtamii sagalitti dubbatame. Akkasumas hundee jecha sammuu jedhuu fayyadamuunkeeyyatoota kudha jaha keessatti dubbatame. Maqaa onneetiin wal-qabatee, waa'een sammuu keeyyatoota kudha jaha keessatti dubbatame.Kudha jahan kana keessaa yeroo torba dhageettii fi argaanonneen walitti hidhamee

dubbatame. Jechi yaada / xiinxalaa jedhus waa’een sammuu yeroo kudha saddeet Qur’aana keessatti haasayame.

Sunnaan ergamaa Rabbii, sadarkaa sammuu, kabajaa isiin qabduu fi barbaachisummaa isii dubbatee jira.Akkasumas rogaa fi mallattoolee murteessaa hayyoonni sammuu qaban ittiin beekamanis ifa godhee jira.Kaayyoon amantii dimshaashumatti, dhimmoota bu’uuraa shanan tiiksuu akka ta’e bektootnni itti walii galu. Dhimmoonni shaman kunis: sammuu namaa eeguu, amantii ofii eeggachuu, lubbuu namaa balaa irraa tiksuu, qabeenya tiiksuufi gurra(kabajaa) namaatiiksuu dha.

### *Maaliif waa’ee sammuu dubbatuun barbaachise?*

Amantiin sammuun mataa waan hundaati jedhu; addunyaa kana bu’uuree mooyuun isaa wanta hin oolle, qaroominaa fi ilma namaa kana hoogganuu haqa godhata.Waan kana ta’eef, barbaachisummaa sammuu fi faana inni adeemsa Islaamummaa keessatti qabu dubbachuun bareeda ta’ee argame, akkasumas sammuu kana sadarkaa hooggansaa irra kaayuu qabna.

### **Burjaaja’iinsa Keessaa Bayuu**

Erga sababa amansiisaa rakkoowwan ummanni Islaamaa keessa jiru ifa gochuu yaallee boooda; bakka shakkamaatti himannaa banuun furmaata barbaadamu kan hin finne ta’uu gadi qabnee mirkaneessina. Humnoonni dhugumaan

jijjiiramaaf onnatan ilaalcha hir'inna qabu dhiisuudhaan abdii fi ilaalcha gaariidhaan rakkoo qabatamaa kana keessaa ummata baasuuf sababa ta'uu danda'an hunda yaaluu qabu. Hanga ummanni kun sammuu Islaamummaatti fayyadamanii burjaaja'iinsa kana keessaa bayanitti shaakallii isa irraa eeggamu hundaa godhuu qaba.

***Sadarkaa Sammuu Daangessuu***

Adeemsi Islaamaa kun Wahyii (Keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa) akka maddeen bu'uura beekumsaatti fudhata. Akkasumas beekumsa hubannaa fi barnoota ilma namaa irraa fagoo (*gaybii*) ta'an hunda hubachuuf akka samuun hin ifaajne daangaa itti godhee jira.

Akka humna hin balleessineef jecha shooraa fi daangaa sammuu ilma namaa.Sirna Islaamaa keessatti beekumsa hundaaf ragaan qabatamaan jiraachuun dirqama. Ragaanis kan kennamu barnoota asiin dura Islaamummaa keessatti dabre hordofuudhaani. Murtiilee kamiyyuu taanaan ragaa isa deeggaru fidachuu dirqama qaba.

Goggogiinsi ruuhii kan yeroo ammaa Awrooppaanonni himatan, sababaa qajeelfama Rabbiin biraa bu'e fudhachuu didanii sammuu qofa fayyadamaniifi. Karaa birootiin, duubatti hafiinsi Muslimoota qunname kun kan argameef, yeroo Muslimoonni shoora sammuu laaffisanii, uumama bal'aa kana xiinxalluu fi gorsa irraa fudhatuu malee, isa hubatuun waan haarawa argamsiisuuf qorannoo gaggeessanii, tajaajila ilma namaatiif akka oolu haala mijjeessuu irratti qooda fudhachuu dhiisani.

### ***Sammuu Muslimaa Walaboomsuu***

Sammuun Muslimootaa ilaalchota yeroo fi rakkinoota muraasaan wal-qabatanii fi rakkinoota bakkeelee gariif daangeffamaniin haguuggamee jira.Geengoo kana keessatti haguuggamuun kun, akka sammuun mul'ata qabatama jireenyaa kana dura dhaabatu godhe. Karaa qabatama kanaatiin haaroomsaa fi faaya isatti gayaniin ifa gochuu dhabuun dadhabina argame irraayi.

Geengoo dhiphaa kana keessatti sammuu daangessuu irraa kan ka'een, namoonni Muslimaa rakkinoota qabatama jireenya isaaniitiif furmaata laachuu dadhabanii, yaada namoonni isaan duraa dhimma kana irratti godhan fudhachuun furmaata jedhee dhiyeessa. Kun immoo furmaanni isaan namoota durii irraa gargalchan kun, dhugaa jireenya battalaatiin wal-madaaluu dhabuu danda'a. Tarii dadhabinni kuni qabatamni jiruuf jireenyaa kuni Islaamummaa irraa fagaatuu isaatiif jalqabatti isatu itti gaafatama taha. Gareeleen Islaamaa hundi wanti isaandhiyeessan (haasowni isaan godhan) sammuu isaanii fi sammuu ummata itti dubbatanii keessatti ifa gala ta'uu qaba. Furmaata yaadaa qofa irratti osoo hin gabaabbatin dalagaan mirkaneessuu qabu; furmaata qabatama haala jireenyaa irratti raawwatamuu danada'u fidutu isaan irra jiraata.

### **Furmaata Burjaaja'iinasa Ilaalcha**

Ilmi namaa dhimma jiruuf jireenyaa cufa keessatti ijjannoo isaa karaa yaadaa, beekumsaa fi aadaa qabuutiin ifa godha.Hanga rakkoon yaadaa fi ilaalcha Muslimoonni

qabanii kun furmaata argattutti; adeemsi jijjiirama aadaa yoomuu ifa hin ta'u. Ummanni Muslimaa filannoo lama kan sadaffaa hin qabne filachiifamuun isaanii kun wanta baay'ee nama dhibuudha. Filannoowwan sadan kunis: yookii hiyyummaa, sirna abbaa irree fi maqaa amantii Islaamaa tiiksuuf jedhanii, qaroomina fudhachuu diduudha. Filannoon inni lammataa immoodurummaa, bilisummaa fi haqqummaa filachuun, akka waan amantiin Islaamaa filannoowwan kanneen lamaan walitti qabuu hin dandeenyee fakkeessu.

## Yaada Madaaluu fi Adeemsa Yaadaa Haaromsuu

Akka humni haarawoomsa Islaamummaa kun, kuufama kanaan dura ture hundaaf furmaata laatuu fi hamma rakkinoota fuul-duratti nu eeggatanii beekuuf jecha,haala yaada naannummaa fi sabummaa Maarkizimii fi Libraalizimii, akkasumas hangam takka hiddi isaa addunyaa Islaamaa keessatti akka gadi lixe akka gaaritti beekuun dirqama taha. Yaadaa fi ilaalcha Islaamummaa akka ilaalcha bareeda kan dhiibbaa gaarii fidu gara ummataatti deebisuuf jecha; dhimmoota kanaan dura sammuu Muslimootaa jeeqaa ture irraa fagaatuufis jecha; dhiibbaa lubbuu fi seenaa hunda irraa walaba ta'uun yaadaa fi ilaalcha irra deebi'anii madaaluun barbaachisadha.

Akka ilaalcha keenyaatti - madaalliidhan waan barbaannutti gayuuf sadarkaadhan asiin gadii kanniin keessa dabruu barbaachisa. Sadarkaaleen kunis:

1) Kaayyo of qeequu fi of sirreessuutiif madaalli keessa deebii guutuu gochuudha. Boooda bu'uura qajeelaa ta'e irratti hundaayuudhaan gara yaada barbaachisu ijaaruutti bobba'uudha.
2) Yaada ammayyummaa fi qaroomina ijaaruu, madaaluu fi sirreessuu. Hambaalee seenaa waantoota guddina irratti gufuu ta'an hunda irraa qulqulleessuu.
3) Adeemsa sirrii ta'e waliin gayuu fi facaasuu. Akkasumas adeemsi kun aadaa keessatti qaama barbaachisaa akka tahutti ummata leenjisuudha.
4) Sadarkaa qajeelfama siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa irratti hundaa'uun jaarmaya hawaasa Islaamaa ijaaruu fi karoorsuu.

   Adeemsa yaada/xiinxalla Islaamummaa fooyyessuun dirqama. Karaa sagantaa barnoota Islaamaatii fi sammuu Muslimaa bilisoomsuutiin aadaa fi qaroominaa Islaamummaa haaroomsuu barbaachisa. Akka Muslimni jijjiirama qaroomina waa hunda qixxisu argamsiisuuf jecha carraan laatamuufii qaba.

## Adeemsa Haarawa Kurfeessuu

Rakkoo kana keessaa ba'uuf, adeemsa haarawa qabxiiwwan asiin gadii kana irratti hundaayan qopheessuun dirqama:

1) Mul'ata qaroominaa kan ummata, hawaasaa fi biyya ammayyaa cimtuu taate ijaaruuf oolu bocuun, hawaasni fi biyyi kunis wal-cimsuun ilmi namaa kun dachii kana irratti bakka buufamoodha jedhanii kabajuu.

2) Booda waan hubatame kana gara qaama aadaatti jijjiiruun akka qaamni hawaasaa hundi ittiin of tiiksuuf tolutti qopheessuudha.
3) Aadaa maalummaa ilma namaa, uumamaa fi jiruu tanaa deebisee ijaaru irratti hundaayuun ummata barsiisuudha.
4) Garee jaarmayoota qaroominaa kan aadaa kana tiiksuu dandeessuu fi kan yoomuu of haaromsuu dandeessu argamsiisuuf yaaduudha.

Mul'ata qaroomina Islaamummaa sirritti bocuun dhimmoota xiinxalaa fi adeemsa haaroomsuu gadi bu'iinsaan ilaaluun jalqaba; dhumni isaa immoo beekkumsa Islaamessuun aadaa Islaamaa kan guutuu fi isa ormaa bakka bu'uu danda'u argamsiisuun ta'a. Kunis Qur'aanaa fi sunnaa ergamaa Rabbii sirritti qayyabachuun argama. Akkasumas waa'een hambaalee qorannoof akka mijaa'u godhuu, irra deebi'anii isa qeequu fi addaan baasuun kun qabsoo guddoo gaafata.

## Ilaalcha Qaroominaa Guutuu

Akka bifti dammaqiinsaa itti fufiinsa godhatuu fi hawaasni gara amantiitti deebi'aniif jecha; gareen Islaamotaa mul'ata/yaada qaroominaa waa hunda qixxisu dhiyeessuu qabu. Mul'anni akkanaa kun rakkoowwan ummataa bifa hundaan hiika; ummata daandii guddinaa fi qaroominaa irra kaaya; mul'ata kanatu hanqina dabres ummataaf bakka buusa; morkii fi falmii hundas dandamachuu danda'a.

Gareen Islaamotaa kun, qaroominni isaan ijaaruu barbaadan kan bifa kamii akka ta’e ibsuu qabu; qabxiilee fuul-duratti irratti hundaayanii fi seera sochii isaas ifa gochuu qaban. Qaromina ijaaruuf wanta murteessaa fi bu’uura ta’eaddaan fooyuu qabu. Akkasumas akkaataalafa irratti bakka bu’ummaa Rabbiin namatti kenne kana gara hojiitti itti jijjiiranis beekuun dirqama.

Wanti faana ummata kanaa karaa sirrii ta’e irratti gadi dhaabu, bakkee fi sadarkaa dur addunyaa irratti qaban akka deebifataniif kan isaan gargaaru; sababoota diigamaafi bittina’iinsa addunyaa Islaamaa ta’an hunda dura gootummaan dhaabbachuu fi tooftaa rakkinoota qaroominaa ittiin of irraa deebisanii fi qaamolee ga’ee guddaa qaban addaan baasanii beekuudha.

Yaada, qayyabannoo, safuulee fi sirnoota adda addaa bifa hojii irra ooliinsaa fi haaromsaaf toluun irra deebi’anii dhiyeessuun, rakkinoota ummata kana mudatan hundaafuu furmaata bareedaa ta’a.Dabalataanis, gareen haaromsaa kun ummata rakkoo isaanii keessaa baasuuf karaa adeemsaa keessatti, tooftaalee dhaloonni durii dhimma itti bayan hordofuu qabu. Hojiin hojjatamus jireenya dhaloota dabree kan akeeku tahu qaba.Kunis jiddu jireenya sababaa fageenya yerootii fi addaan fageenya lafaatiin argamu ilaalcha keessa galchuudhaani.

Karaa fi mala kan dhaloota dabreetiin wal-faallessu akka fayyadamnu dirqamuun keenya hin oolu. Garuu, kaayyoon jajjabni karaa ulfaataa taheen malee akka hin dhugoomne hubatuu qabna.Kitaabaa fi qabatama jireenyaa walitti

hidhuuf jecha akka dhaloonni jaarraa duraa kaayyoo tokko waliin qabutti dhaloonni ammaas kaayyoo akkanaa tana deebisee ijaaruun dirqama irratti taha.

## Hubannaa Shari'aa Ifa Gochuu

Shari'aan Islaamaa dhimmoota jiruu ilma namaatiif barbaachisan hunda isaanii guutuuf dandeettii qabaachuun isaa shakkii tokko hin qabu. Akka hayyoonni Islaamaa ibsanitti, shari'aan dhimma heeraa fi seeraa kaayuu qofa osoo hin taane; dammaqinaa fi guddina argamsiisuun qaroomina haarawa ijaaruuf yoomiyyuu dandeettii gahaa qabdi. Kana godhuuf immoo adeemsa fi tooftaaleen qajeelaan, yaanni gaariin, sammuun waa ijaarsaa fi ulaagaawwan aadaa guutuu ta'e jiraachuu qaba. Booda irratti mirga namaa kabachiisuuf; akkasumas waantoota hundee jireenyaa ta'an tiksuuf; dirqama fi itti gaafatamummaa ifa godhuuf jecha imaammata baasuuf seerri barbaachisaa taha.

Yaanni/xiinxalaan shaakallii siyaasaa fi hawaasaatiin hoogganamee jira.Kunis sababa wal- mormii amantii, mazhabaa fi qabxiiwwan qabatama seenaa keessatti galmaayan irratti wal-falmuu irraa argame.Akkasumas deebii diinni Islaamaa Muslimootaatti duuluuf guyyaa guyyaan deebisu irraa argame.

Yeroo ammaatti gaafiiwwan baay'inaan sammuu ilmaan Islaamaa hedduu keessatti deddeebi'ee ka'u; tarkaanfiin haaroomsaa inni jalqabaa aangoo qabachuu moo ilaalcha, aadaa fi barnootatu qabxii isa duraati? gaaffii jedhuudha.

... Burjaaja'iinsi amma keessa jirru kun rakkoo amantiiti moo rakkoo seera Islaamaa hojii irra oolchuu dhabuu irraa burqe? siyaasaa amma jirtu kana wanti gaariin akka irraa hin eeggamne yoo mirkaneeffanne, hariiroo keenya ni kunna moo cinaan isii keessa seenna? – osoo qoreen harka keenya hin dhiiysin- firee garii argannaa? jennee itti deemna. Humnoonni jijjiirama Islaamaa fiduuf tattaafatan, siyaasaa kanneen irraa ijjannoowwan isaanii addaan baasanii ifatti ibsuu qabu.

## Ilaalcha gam-tokkee Hambisuu

Tarii gufuun gudduun akka shari'aan Islaamaa sirritti hin guddanne godhan keessaa tokko; hayyoonni amantii Islaamaa hedduun gar-tokkee adeemsa Islaamummaa qofa irratti xiyyeeffannoo kennuudha.Barsiisa Islaamaa sirna guutuu fi dimashaasha kan waa hunda qixxisuu godhanii hubatuu osoo hin taane ilaalcha gam-tokkee qaban. Akkasumas hayyoonni kun karaa waa xiinxalaa osoo hin taane mala waa ibsuu qofa cichanii qabatan.Seerota shari'aa heddu kan waa'ee ijaarsa qaroominaatti rarra'an beekaa irraa goran. Akkasumas hedduu keeyyatoota ifa gochuu fi jidduu qorannoo walitti hidhuu dhaban. Beektonni asiin duraa seerri shari'aa roga afur akka tahe ibsanii jiran:

A) Hogganaa (Mootii)
B) Ummata bal'aa
C) Heeraa fi seera
D) Dhimmoota adda addaa

Roga yookiin ulaagaa hayyuun shari’aa fi bulchaan tokko qabaatuu qabus ibsanii turan.Haata’uu malee yeroo ammaatti seera shari’aa keessatti ulaagaan akkasii moggaatti dhiifame. Bulchaan Muslimaa tokko seera kana raawwatuu yoo dadhabe seera diduu jalqaba; yoo inni seera dide wal-dhabbiin ni tatamsa’a.
Humni murna Islaamaa kan jijjiiramaaf hojjatu karaa qajeelaa ta’etti gayuuf ilaalcha isaanii dhiphoo kana keessaa ba’uu qabu. Miila isaanii daandii irraa deemuun itti eegalu irra kaa’uu qabu. Rakkoo bara keenyaa kana hiikuuf yaada seenaa dhiyeessuun waan fudhatama qabu yookiin waan fayyadu miti.Yoo xinxallaa gaarii kan ijaarsa qaroominaa fi bu’uura beekumsaa ta’een walitti hin hidhamin qajeelfama seenaa dabree irratti gabaabbatuun qofti tasumaa bu’aa hin argamsiisu. Akkaataa kanaan murni haaromsaa – kan rakkoowwan ilaalcha Islaamummaatiin hiikna jechuun weeddisan - yaada gaarii tiksuu danda’u.

## Fudhatama Ummataa Horachuu

Jalqaba yeroo amantiin Islaamaa dhufu, seerri shari’aa ibsa hoggansi ol’aanaan ummata irratti labsu hin turre. Akkasis ta’uun isaa hin maluu.Akka shari’aan tiksee nagayaatii fi bu’uura ijaarsa qaroominaa ta’e onnee irraa dhugoomsuudhaan seera shari’aa kana raawwataa turan. Osoo murtiiwwan shari’aa sun gadaa keenya kana keessa, haala yeroo ammaa eeguun ala hojii irra akka oolfaman taasifamee, tarii bu’aa seenaa keessatti galmeesse san yeroo ammaatti hin argamsiisu taha.

Warri hoggansa Islaamaa, shari'aa Islaamaa fi safuuwwan isii guutuu ta'an, osoo wantoota bu'uura isaa ta'an irraa hin dabsine, Muslimoota miliyoona hedduun lakkaayaman, kan shari'aa kana jaalatanitti geessuu qabu. Roga nama irraa barbaachisu qabaatuu fi ulaagaa barbaachisu guutuun amantummaa ummanni nama irraa qabu deebifatuun ergaa humna jijjiiramaa murna Islaamaati. Kanaafuu Islaamummaan bu'ura ijaarsa qaroominaa fi mala qaroominatti ittiin gayan tahuu isaa bifa ummata amansiisuun dhiyeessuufii qabu.

## Tarkaanfiiwwan Raawwii

Bara kufaatii mootummaa Usmaaniyyootaa irraa kaasee guutuu addunyaa Islaamaa keessatti caasaa humna hawaasummaa jijjiiramni qunnamee jira. Sirni Islaamummaa rakkoo ummanni amma keessa jiru kana keessaa isaan baasuuf akka tolu karaa waan ummanni yaadu dubbisuutii fi haasawa sammuutiin qofa hawaasa amansiisuun waan laafu hin turre.

Humnoota jaarmayaa, naannummaa fi gosummaan ijaaraman akkasumas warroota gareen socha'an dura dhaabatuuf jecha ijjannoo gadi dhaabataa ta'e qabaatuu fi yaada adda addaa burqisiisuun dirqama isaan irratti taha. Yoo kana tahee argame, humnoonni kunniin cufti iddoo amma qabatanii irra jiran murna Islaamaatii fi yaada murna kanaatiif gadi lakkisuun dirqama itti taha.

# KITAABNI KUN

*Kitaabni kuni waa'e duubatti hafiinsa qaroomina ummata Islaamaa kan kufaatii Mootummaa Usmaaniyyootaa hordofee dhufe xiinxala. Sochiin Mootummaan sun qaroomina Awrooppaa irraa teknooloojii haarawa argachuuf godhe, mootii yeroo sanii "Abdulhamiid Assaanii" angoo irraa kuffisee gadaa Ataa Kamaal Turkiitti ceessise. Biyyoota Muslimaa heddu keessattii, Masrii fi Suuriyaa fa'a dabalatee, hawaasni kallattii isaanii gara Awrooppaa deebisanis diigama, hiyyummaa fi wal'aansoo jidduu Kaappitaalizimii fi Kominizimiitiif saaxilamuu malee bu'aa hin arganne.*

*Rakkoolee kanniin hiikuuf gareen garagaraa ijaaramanis, booda mootota abbootii irreetiin too'annaa jala oolan. Sababa burjaajii kanaatiif ummanni nagayaa fi tasgabbii dhabuun, yaadaan dhiphatee jijjiirama irraa abdii muratee, dandeettiin waa kalaquu isaas dadhabaa dhufee, angoo fi too'annaa waa akkeeffachuu fi namoota biroo hordofuu qofa jalatti kufee hafe. Hanga ammaattis kufaatii kana keessaa guutumatti bahuu hin dandeenye.*

*Yaaliiwwan haaromsaa: sammuu fi yaada madaalawaan gara qajeelfamoota Islaamaatti deebi'uun fedhiiwwan ummata Islaamaa guutuu, of qeequu fi of sirreessuu, yaada ammayyummaa fi qaroominaa ijaaruu, sadarkaa qajeelfama siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa irratti hundaa'uun jaarmaya hawaasa Islaamaa ijaaruu fi karoorsuu barbaachisa. Kana dhugoomsuufis adeemsa haarawa, ilaalcha qaroominaa fi hubannaa shari'aa ifa gochuun fudhatama ummataa horacuu fi tarkaanfiiwwan raawwii biroo gochuu feesisa.*